Oromo

# Mallattooleen jeequmsa mana keessaa fi maatii maalifaa dha?

Mallattooleen namni tokko jeequmsi mana keessaa fi maatii keessaatti muudachuu isaa mul'isan ni jiru: Isaan tarii:

- Jalalloo yookaan nama isaanitti dhihaatu biratti waan sodaatan fakkaatu.
- Maatii yookaan hiriyyoota isaanii waliin wal arguu dhaabuu, yookaan yeroo jalalloon isaanii bira jiru bilbilaan dubbachuu add-aan kutuu
- Cinaatti dhiibamuu yookaan maallaqaa fi qabeenya isaanii irraa qoqobamuu
- Waa'ee hinaaffaa), amala dallansuu, aarii badaa yookaan amala shakkii jaalalloo isaanii dubbachuu
- Jaalalloon isaanii gochaalee saalummaa akka raawwatan dirqisiisuu isaanii dubba-chuu
- Bibir'achuu, daafuruu , nama irraa qoollifa-chuu yookaan of irratti amantii dhabuu
- Miidhama qaamaa kan akka dhiitaawwan, caba lafeewwanii, dirmammuuwwan yoo-kaan kutkutawwan, fi tarii maal irraa akka ta'an waan wal hin fakkaanne dubbachuu
- Ijoollee isaanii jaalalloo isaanii biratti dhi-isuu mamuu.

# Bakka gargaarsi irraa argamu

**Sardama (Poolisii yookaan Ambulaansii)**
Duwwaa Sadeen (000)
Yoo namni tokko balaa tasaa jala jira ta'e.

**Toora bilbilaa gargaarsa Dubartootaa sa'aa 24 (DVConnect)**
1800 811 811
Dubartoota jeequmsi manaa isaan mudateef gorsaa fi gargaarsa tolaa fi hicitiin isaa eegamu.

**Tajaajila Gargaarsa Dubartoota Godaantotaa**
07 3846 3490
Jajjabeessuu fi gorsa dubartoota afaan isaanii Ingiliffaa hin taanef waa'ee jeequmsa manaa keessaa fi maatii akkasumas jeequmsa saalaa.

**Toora bilbilaa gargaarsa dhiirotaa (DVConnect)** 1800 600 636
Gargaarsa hicitiin isaa eegame dhiirota rakkoo maatii fi hariiroo qabaniif.

**Wal-Qunnamsiisa Maatii fi Daa'imaa**
13 32 64
Maatii ijoollee waliin jiran gargaarsa barbaadaniif gorsa tolaa fi hicitiin isaa eegame kan kennu.

Interpreter

Afaan keetiif afaan hiikaa argachuuf 13 74 68 bilbili.

# Namni kam iyyuu bakka jiraatutti nagaan jiraachuuf mirga ni qaba

**Odeeffannoo mallattoolee jeequmsa mana keessaa fi maatii jiraachuu isaa beekuuf gargaaruu fi akka gargaarsa itti kennan.**

www.qld.gov.au/domesticviolence

Queensland Government

# Jeequmsi mana keessaa fi maatii maal?

Jeequmsi mana keessaa fi maatii yeroo namni hariiroo waliin qaban tokko humna qabutti dhimma ba'ee nama kan biraa hariiroo wal gidduutii qaban sana humnaan too'atu, miidhuu yookaan sodaachisuu dha. Kunis hariiroo waliin jireenyaa keessatti bifa adda addaa qabaachuu danda'a; yeroo hedduus maatii gidduutti kan ta'u (firoota fi soddoolii) yookaan namoota waliin jiraatan kan dabaluu dha.

Jeequmsi mana keessaa fi maatii kan hin fudhatamnee fi Australia keessattis yakka ta'uu danda'a. Jeequmsa mana keessaa fi maatiif aadaaf dhiifamni hin jiru.

**Ijooleen jeequmsa mana keessaa fi maatiidhaan miidhamuu danda'u.**

# Nam-tokko gargaaruuf maal godhchuu akka dandeessu

Yoo nama ati beektu tokko irratti mallattooleen jeequmsa mana keessaa fi maatii argite tarkaanfii fudhadhu – Tarii si qofatu godhchuu danda'a ta'a. Gargaarsi kee jijjiirama fiduu danda'a.

**Maal godhchuu akka qabdu:**

- Maal akka isaan sitti dubbatan dhageeffadhuu waan isaan sitti himan amani – isaan hin komatin.
- Bakka nageenyaa fi qofaatti gaafachuu dandeessutti yeroo fi bakka miidhamni itti ta'e gaafadhu.
- Miidhamni isaanii fi ijoollee isaanii akkamitti akka miidhaa jiru hubachuuf isaan gargaari.
- Nageenyi isaanii akkamitti akka fooyya'u dubbadhu.
- Gargaarsa qabatamaa ta'e kan akka ijoollee eeguufii fi nyaata qopheessuudhaan affeeri.
- Yoo itti waliif hin galtu ta'e illee, mirga murtiiwwan isaanii kabajiif.
- Osoo ofii kee fi nama miidhaan dhaqabe rakkoo irra hin buusin akka itti gargaaruu dandeessu irratti tajaajila jeequmsa mana keessaa naannoo keetii gorsa gaafadhu.
- Ofii kee gaafadhu: 'Waan ani godhchaa jiru nama miidhame kanaaf nageenya ni qabaafii?'

**Kan ati godhchuu hin qabne:**

- Wal reebicha gidduu hin seenini – Duwwaa Sadeen (000) Poolisii irraatti bilbiltee yaamuu qabda.
- Bakka namni miidhame jiru yookaan akka itti miliquuf yaadaa jiru, nama miidhaa dhaqabsiisetti, hiriyyoota yookaan maatii nama miidhaa dhaqabsiisetti hin himin.
- Kan miidhaa jiru kallattiin dura dhaabbattee hin didhin.

# Hawaasa kee keessatti maal godhchuu akka dandeessu

- Mallattoolee balaa fiduu danda'an beekuuf bifa adda addaa jeequmsa mana keessaa fi maatii caalaatti bari.
- Waa'ee jeequmsa mana keessaa fi maatii irraa dubbadhuu ifatti ummatatti akka gadi ba'u godhi.
- Amaloota kabajaa dhiirotaa fi dubartoota gidduu jiru babal'isi.
- Wal-qixxummaan dhiiraa fi dhalaa hawaasa, bakka amantaa yookaan isportiitti babal'isi.
- Nama miidhaan argatte komachuu yookaan ajiiffachuu, miidhaa geessisame dhoksaan irra kutuu yaaluu hiriyoota, maatii fi hawaasa keessaa didhi, amalli sirriin akka babal'atu qajeelchi.

**Nama ati beektu irra miidhaan geessisamee jira jedhtee yoo yaadde gorsa beektotaa barbaaduu si barbaachisa.**

**Jeequmsi mana keessaa fi maatii balaa hamaa du'a lubbuu fi miidhaa qaamaa akka malee geesisuu dabalee dhaqabsiisuu danda'a.**

0768_APR2020